

Akkamiinan...



Tajaajila Argachuuf Kunuunsa Fayyaaf Iyyadhaa ykn Haaromsaa

(Tajaajila Wallaansa Fayyaa, Yaalii Ilkaanii, Fayyaa Sammuu, Rakkoo Wantoota Sammuu Nama Adoochani Fayyadamuu argachuudhaaf)

Isin yoo kan gachaa jirtan/kan taatan:

- Daa'immaniif Iyyachaa jirtan
- Maatii ykn nama kunuunsa taasisu taatanii daa'imman waliin iyyattan
- Ulfa ykn nama ulfa ta'eef kan iyyachaa jirtan yoo taatan
- Ga'eessa waggaa 18 hanga 64 taatan

Tooraraan: Fayyaa Appilii Waashingiteen (Washington Apple Health) (Medicaid) ykn dhiyeessa tajaajila inshuraansii fayyaaf iyyachuudhaaf www.wahealthplanfinder.org daawwadhaa.

Bilbila: Wiirtuu Deggersa Maamilaa Warra Karoora Fayyaa Barbaadani (Healthplanfinder) kan Waashingiteen karaa 1-855-923-4633 qunnamaa.

Deggesaaf qaamaan argamuudhaan: Karaa naannoo keessa ittiin barbaadan/soqan: https://www.wahealthplanfinder.org/HBEWeb/Annon_DisplayBrokerNavigatorSearch.action?brokerNavigator=NAV&request_locale=en ni argattu

Isin yoo kan gachaa jirtan/kan taatan:

- Umurii ganna 65 ykn isaa ol
- Medicare argachuuf kan mirga qabu
- Ulaagaa unda guutanii galii kan hin qabne yoo ta'e
- Sagantaa Qusannoowwan Medicare kan barbaadu ykn kan fudhatu keessa yoo ta'e
- Tajaajilawwaniifi Deggersawwan Yeroo Dheeraa kan barbaadu ykn kan fudhatu keessa yoo ta'e
- Nama Dhuunfaa hir'ina qaamaa qabu
- Hojjetoota Warra Hir'ina Qaamaa Qabaniif (Workers with Disabilities (HWD)) Kunuunsa Fayyaaf Iyyachuu

Tooraraan: Fayyaa Appilii (Apple Health) (Medicaid) Waashingiteeniif iyyachuudhaaf www.washingtonconnection.org daawwadhaa.

Bilbila: Karaa 1-877-501-2233 Wiirtuu Qunnamtii Deggersa Maamilaa DSHS Qunnamaa.

Deggesaaf qaamaan argamuudhaan:

- Waajira Tajaajilawwan Uummataa DSHS karaa <https://www.dshs.wa.gov/esa/community-services-find-an-office> ni argattu.
- Ejensii naannoo karaa <https://www.washingtonconnection.org/home/publicaccessdirectory.go> ni argattu.
- Qophiiwwan Tajaajilawwan Uummataa Bakkaa Bakatti Deemaan naannoo isiniiti dhiyootti taasifaman karaa www.dshs.wa.gov/MobileOffice ni argattu.



Washington Apple Health (Medicaid), Sgantaalee Deeggarsa Kunuunsa Daa'imaa fi tajaajilawwan kaan biraatiif iyyachuuf koodii QR suuraa kaasaa ykn washingtonconnection.org dowwadhaa.

Daa'imman Kunuunsa Guddisaa keessa jiraniif Kunuunsa Fayyaa Iyyadhaa ykn Haaromsaa

Daa'immaniifi dargaggootaaf:

- Umurii ganna 21 gadi ta'anii warra kunuunsa guddisaa keessa jiran ykn deggersa guddifachaa argachaa jiran.
- Ganna 18 hanga 26 ta'anii warra kunuunsa guddisaa ala ta'an ykn guyyaa dhalootaa isaanii 18ffaan booda.

Bilbila: Tuuta Wallaansa Kunuunsa Guddisaa karaa 1-800-562-3022 qunnamaa. 15480.

Tajaajilawwaniifi Deggersawwan Yeroo Dheeraaf Gargaarsa Ni argattu

Tajaajilawwan Kunuunsaaf barbaachisan, kan kunuunsa mana keessattii, kan jireenya tumsamuu ykn kan mana maatii ga'eessotaa, ykn kan Kunuunsa Ogeessota Wallaansa Fayyaa:

- Waajira Tajaajilawwan Mana Naannoofi Uummata Keessanii Qunnamaa. Waajira naannoo keessanii karaa <https://www.dshs.wa.gov/ALSA/resources> ni argattu.

Kunuunsa Fayyaa Hojjetoota WarraHir'ina Qaamaa qabaniif (Healthcare for Workers with Disabilities (HWD)):

- Kutaa Addaa HWD 1-800-871-9275 qunnamaa.

Tajaajilawwan Bulchiinsaa Hir'ina Qaamaa Guddinaa:

- Waajira ykn giddu-gala tajaajila keessanii karaa <https://www.dshs.wa.gov/dda/find-dda-office>.


Tajaajilawwan Hospitaalaa:

- Ejensii hospitaalaa naannoo karaa <https://wshpco.org/directory-search/>.

Dhukkuba Sammuufi Wallaansa Rakkoo/Dhibee Waanota Sammuu Namaa Adoochan Fayyadamuun Dhufan irratti Gargaarsa Niargattu

Tooraraan: Odeeffannoo akkaataa ittiin wallaansa Medikeedii tumsame argachuudhaaf kana <https://www.hca.wa.gov/health-care-services-supports/behavioral-health-and-recovery> daawwadhaa.

Akkamiinan...



☛ Gargaarsa Nyaataaf Iyyadha ykn Haaromsadha

Toorarraan: Gargaarsaaf iyyachuudhaaf ykn haaromsachuudhaaf karaa www.washingtonconnection.org daawwadhaa.

Bilbila: Karaa 1-877-501-2233 Wiirtuu Qunnamtii Deggersa Maamilaa DSHS Qunnamaa.

Deggasaaf qaamaan argamuudhaan:

- Waajira Tajaajilawwan Uummataa DSHS kan naannoo ta'e karaa <https://www.dshs.wa.gov/esa/community-services-find-an-office> ni argattu.
- Ejensii naano karaa <https://www.washingtonconnection.org/home/publicaccessdirectory.go> ni argattu.
- Qophiiwwan Tajaajilawwan Uummataa Bakkaa Bakkatti Deemaan naannoo isinitti dhiyootti taasifaman karaa www.dshs.wa.gov/MobileOffice ni argattu.

☛ Deggersa Callaaff/Kaashiidhaaf Iyyadhaa ykn Haaromsadhaa

(Jaaruu, Agartuu Dhabuu/Jaamummaa, Hir'ina Qaamaa; Maatii Waliin Kan walqabate; ykn Deggersa Baqattummaa)

Toorarraan: Deggersaaf iyyachuudhaaf www.washingtonconnection.org daawwadhaa.

Bilbila: Karaa 1-877-501-2233 Wiirtuu Qunnamtii Deggersa Maamilaa DSHS Qunnamaa.

Deggasaaf qaamaan argamuudhaan:

- Waajira Tajaajilawwan Uummataa DSHS kan naannoo ta'e karaa <https://www.dshs.wa.gov/esa/community-services-find-an-office> ni argattu.
- Ejensii michuummaa naano karaa <https://www.washingtonconnection.org/home/publicaccessdirectory.go> ni argattu.
- Qophiiwwan Tajaajilawwan Uummataa Bakkaa Bakkatti Deemaan naannoo isinitti dhiyootti taasifaman karaa www.dshs.wa.gov/MobileOffice ni argattu.

☛ Deggersa Kunuunsa Daa'imaaf Iyyadhaa ykn Haaromsadhaa

Toorarraan: Sagantaawwan Tumsa Kunuunsa Daa'imaatiif iyyachuuf www.washingtonconnection.org daawwadhaa.

Bilbila: Contact Giddu-gala Qunnamtii tumsa Kunuunsa daa'imaaf at 1-844-626-8687.

☛ Kaardii DSHS EBT koo Bu'aawwan Nyaataaf ykn Horii Callaadhaan Bakka Buusaa

Toorarraan: www.washingtonconnection.org daawwachuudhaan gaaffii kana dhiyeefachuuf Akkaawontii Faayidaa Maamilaa (Client Benefit Account) kan keessan keessa seenaa.

Bilbila: Toora gargaarsaa Tajaajila Maamilaa FIS karaa 1-888-328-9271 qunnamaa.

- Yoo bakka gadi dhiistan, Karaa 1-877-501-2233 Wiirtuu Qunnamtii Deggersa Maamilaa DSHS Qunnamaa.

☛ Tajaajilwaan Kaardii Dhiyeessaa Tokkoo koo Tajaajilawwan Wallaansa Fayyaan Bakka Buusi

Toorarraan: <https://www.waproviderone.org/client> ykn <https://fortress.wa.gov/hca/p1contactus/> daawwadhaa.

Bilbila: Wiirtuu Tajaajila Maamilaa Deggersa Fayyaa Abbaa Taayitaa Kunuunsa Fayyaa karaa 1-800-562-3022 qunnamaa.



Washington Apple Health (Medicaid),
Sgantaalee Deeggarsa Kunuunsa
Daa'imaaf fi tajaajilawwan kaan biraatiif
iyyachuuf koodii QR suuraa kaasaa ykn
washingtonconnection.org dowwadhaa.

Ergaa sobaa/dogoggoraa karaa interneetiin dhufuun hin gowwoofmaniinaa!

Waan sobaa irraa of eegaa ykn marsariitiiwwan walfakkeessuun odeeffannoo dhuunfaa kee argachuuf yaalan ykn inshuraansii fayyaa sitti gurguranirraa of eeggadhaa.

Marsariitii baxxee kana irratti tarreeffan fayyadamuudhaaf baasiin tasa hin barbaachisu.

Nama hin beekne karaa bilbilaa ykn toorarraan si qunnameef odeeffannoo dhuunfaa keessanii tasa hin kenniinaafii.

Shakkii sossobuu/waliin dha'uu Medicaid Weelferii jiru karaa 1-800-562-6906 gabaasaa.

